Madaallii Naannawaa: Maatiin waa'ee Firii MCA fi MTAS fayyadamuu Maal Beekuu Barbaadu

Arfaasaa hunda, barattoonni Minisootaa ulaagawwan federaalaa fi naannoo guutuuf madaalliiwwan armaan gadii fudhatu:

- MCA (Madaallii Hunda Hammataa Minisootaa)
- MTAS (Qorumsa Gahumsa Ogummaa Barnootaa Minisootaa)

Barattoonni baay'een MCA fudhatu, garuu barattoonni tajaajila barnoota addaa fudhatanii fi ulaagaa guutuu qaban bakka isaa MTAS fudhatu.

Barattoonni qabiyyee cimaa fi qajeelfamaifudhachuu isaanii adda baasuun ijoolleen isaaniif barnoota qulqullina qabu dhiyeessuuf carraaqii jalqabaa Minisootatssti.

Gabaasa Dhuunfaa Barataa (ISR) barataa hundaa firii arfaasaa MCA ykn MTAS barataa hundaa dhiyeessa.

Firichi barnoota baratootaa herrega, dubbisa, fi/ykn saayinsii wanta isaan xumura kutichaatti irratti mana barnootaatti baratu jedhamee yaadamu irratti hundaa'uun ***suura*** bakka bu'udha.



- Istaandaardii Barnoota Minisootaa K-12 beekumsaa fi gahumsa baratoonni hundi qabiyyee hunda keessatti barachuu malan mul'isa. Manneen barnootaa barattoonni hundi fi qajeelfama qulqullina ol-aanaa akka argataniif istaandaardii kana kaa'uu qabut.
- Yoo barataan keessan gahumsa sadarkaa *Istaandaardii kana Madaalu yookiin Caalu* qabaate akka istaandaardii barnootaa keessatti ibsametti beekumsa, ogummaa fi gahumsa kutaa isaanii irraa eegamu shaakalu.



Firichi ***Safartuu tokko*** barnoota baratootaati. Firicha barataan keessan eessatti gaarii akka hojjetee fi eessaatti immoo deeggarsa akka barbaadu adda baasuuf itti fayyadamuu dandeessu. Suuraa guutuu isaa argachuuf safartuuwwan dabalataa fayyadamuun barbaachisa.

- Sadarkaan gahumsaa (Hin Madaalu, Ni Madaala, Gartuudhaan Madaala, yookiin Irra Darba) jijjiirama yeroodhaa yerootti gosa barnootaa keessatti jiru agarsiisa, garuu qabxiin MCA/MTAS baraa baratti wal bira hin madaalamu iskeeliin isaa waan hin madaalamneef.
- Manneen barnootaa firii kana murtoo waa'ee gareewwan baratootaa gargaaruu fi meehsswwan qajeelfamaa fooyyeessuuf fayyaduu danda'a, garuu murtoo barataa dhuunfaa kan akka kutaa itti aanutti darbuu fi ce'umsaa/sirreeffama taa'umsa koorsii murteessuuf akka sababa qofaatti hin fayyadu.
- Baratoonni sadarkaa lammaffaa firicha taa'umsa koorsiif Naanoo Minisootaa tti sirna kolleejjiiwwani fi yuuniversiitiiwwan yookiin Filannoo Galmee Sadarkaa lammaffaan boodaaon (PSEO) fi Kolleejjii Mana barumsaa keessattif.

Gaaffiiwwan baratoota keessan gaafattan:

- Gosa barnootaa irratti ciminnikee maali fi gufuu kan ta'u?
- Mana barumsaatti gargaarsa argachuuf yookiin gaaffiigaafachuuf eenyutti dubbatta?

Gaaffiiwwan barsiisota baratoota keessanii gaafattan:

- Jijjiirama barataa koo irratti wanta haaraa dabalataaakkaminan fudhachuu danda'a?
- Barataakoo gargaaruudhaaf tajaajiltoota akkamiitu mana barumsaa keessa jira?

Karoora Madaallii Naannawaa BarnootaaMinisootaa Beeksisuu

Hordoffii Hojiirra Oolmaa Istaandaardiiwwanii

- Isataandardichu Ibsituu wanta barnoota barataa irraa eegaamufi qajeelfamati.
- Madaallii naannawaa barattoonni istaandaardii barachuu isaaniif suura bakka bu'udha.
- Manneen barnootaa uummataa fi distriiktiiwwan firii kana akka sirna madaallii madaalawaa fi hunda hammataaisaaniitti fayyadamu.
- Odeeffannoon sirna madaallii distriiktii irraa (daree barnootaa, distriiktii, fi madaallii naannoo) walii wajjin istaandaardicha baruu fi barsiisuuf qajeelfama ta'ee hojjeta.

Walqixxummaaf Dursakennuu

- Odeeffannoon sirana madaallii mdaalawaa fi hunda hammataa akka qajeeltoo baratoonni hundi sanyii kamis haa ta'an Zip Koodii kamiis haa dhufan mirkaneessuuf fayyada.
- Firiin madaallii naannawaa garee baratootaa, manneen barumsaa fi districtii eessa akka jiran ilaaluuf akkasumas wal qixxummaa dhabuu fi irra keessoo waadaa galamee qajeelfamoota shaakkalaman ilaaluuf fayyada.

Firii Sirii Dhiyeessuu

- Beektotanni fi miseensotni hawwaasaa Minisootaa sadarkaawwan hedduu qorumsa qopheessuu fi hojii kana keessatti maamiloota murteessoo dha.
- Firiin osoo hin gabaafamiin dura mirkaneessaa fi raggaasucimaatu jira.
- Kun lamaan madaalliin naannawwaa sirrii fi haqa qabeessa safartuu barnoota istaandaardii yeroo qormaata baratootaati.

Guraandhala 2020 irraa kaasee hayyoonni, baratoonni fi maatiin jijjiirama qabatamaa fi murteessaa baruufi barsiisuu irratti arganiiru akkasumas ijaarsa hawwaasummaa fi miiraa irrattis. Yeoo firii madaallii balballoomsinu kana sammuutti qabachuun barbaachisaadha, akka inni agarsiistuu jijjiirama qabxii baratootaa ta'e qixa sirriin adda baasuuf garuu ulfaataa akka ta'e.

Gaaffiiwwan?

Odeeffannoo dabalataa waa'ee akkamitti manni barumsaa keessan barnoota baratootaa deeggaruuf hojechaa akka jiruf fuulota Sadarkaa Milkaa'insa Qormaataa, Firii Qormaataa fi Hirmaatt0taa Kaardii Gabaasa Minisootaadaawwadhaa.

Waa'ee firii MCA yookiin MTAS barattoota keessanii gaaffii yoo qabaattan mana barumsaa keessan qunnamaa. Waa'ee istaandaardii barnoota Minisootaa yookiin madaalliiwwanii gaaffii yoo qabaattan kana qunnamaa mde.testing@state.mn.us.

DEPARTMENT OF EDUCATION